

**XIINXALA ITTI FAYYADAMA AFAANII ASOOSAMA
DHEERAA IMAANAA IMALTUU**

MALKAAMEE FUFEE GAMMACHUU

**WARAQAA QORANNOO DIGIRII BAACHILARII AARTII
AFAAN OROMOO, OGBARRUUFII QUUNNAMTII GAMISAAN
GUUTTACHUUF DHIYAATE**

**MUUMMEE AFAAN OROMOO OGBARRUUFII FOOKLOORII
KOOLLEEJJII NAMOOMAA, QORANNOO AFAANOTAA,
JOORNAALIZIMIIFI QUUNNAMTII
YUUNIVARSIITII FINFINNEE**

FULBAANA 2014/2021

FINFINNEE

**XIINXALA ITTI FAYYADAMA AFAANII ASOOSAMA
DHEERAA IMAANAA IMALTUU**

QORATTUUN, MALKAAMEE FUFEE GAMMACHUU

GOTSAAN, AMAANU'EEL ALAMAAYYOO (PHD)

**WARAQAA QORANNOO DIGIRII BAACHILARII AARTII
AFAAN OROMOO, OGBARRUUFII QUUNNAMTII GAMISAAN
GUUTTACHUUF DHIYAATE**

MUUMMEE AFAAN OROMOO OGBARRUUFII FOOKLOORII

**KOOLLEJJII NAMOOMAA, QORANNOO AFAANOTAA,
JOORNAALIZIMIIFI QUUNNAMTII**

YUUNIVARSIITII FINFINNEE

FULBAANA 2014/2021

FINFINNEE

Axeerara

Qorannoon Kun Xiinxala Itti Fayyadama Afaanii Asoosama Imaanaa Imaltuu irratti kan xiyyeeffateedha. Kaayyoo goeroon qorannoo kanaa haala itti fayyadama afaanii barreessaan Asoosamaa Imaanaa Imaltuu itti gargaarame xiinxaluudha. Kaayyoo qorannoo kanaa galmaan gahuuf malli qorannoo dhimma itti baane mala qorannoo akkamtaati. Maddi ragaa qorannoo kanaa madda ragaa tokkooffaa kitaaba asoosama Imaanaa Imaltuudha. Meeshaan funaansa ragaa qorannoo kana gaggeessuuf dhimma itti baahe kitaaba asoosama kana dubbisuu yaadannoo fayyadamuudha. Argannoon qorannoo kanaan argames, kitaaba kana keessatti sirna qubeessuu, itti fayyadama jechoota Ergisaa, itti fayyadama jechoota loogaa, itti fayyadama filannoo jechootaafi waantoonni kana fakkaatan kan ilaalameedha. Boqonnaa afuritti keessatti cuunfaa argannoofi yaada furmaata qabatee kan dhiyaateedha. Walumaa galatti qorannoon kun boqonnaa afuritti qoodame dhiyaate.

Galata

Waan hudumaa dursuun bu'aa bayii hundumaa keessa nabaasuun rakkoo hundumaa nadandeessisee kan asiin naga'ee, qorannoo kanas akkan geggessee galmaan ga'uf nagargaare Waaqayyoo uumaa galanni guddaa naaf haga'u. Inni biraan qarshiifi hamilee hundumaan nabira dhaabachaa, nagargaara kan turaniifi jiran abbaako Obbo Fufaa Gammachuufi haadha kiyya Adde Faasigaa Aagaa onnee kiyarraan galateeffachuu barbaada. Itti aansuun tuffii tokko male naamusa gaariin nasimachaa akkan qorannoo kana geggeesuun galmaan ga'uf kan najajjabeessaa, naqajeelchaa kan asiin nagahe barsiisaafii gorsaako kan ta'e Amaanu'eel Alamaayyoo (PHD) onnee kiyarraan galateeffadha.

Baafata

Qabiyyee	Fuula
Axeerara	i
Galata	ii
Baafata	iii
BOQONNAA TOKKO: SEENSA	1
1.1 Ariirrata Qorannichaa.....	1
1.2 Ka'umsa Qorannichaa.....	3
1.3 Kaayyoo Qorannichaa.....	4
1.3.1 Kaayyoo Gooroo Qorannichaa	4
1.3.2 Kaayyoon Gooree Qorannichaa.....	4
1.4 Faaydaa Qorannichaa	4
1.5 Daangaa Qorannichaa	5
1.6 Hanqina Qorannichaa.....	5
1.7 Malaawwan Qorannichaa.....	5
1.7.1 Saxaxa Qorannoo.....	6
1.7.2. Madda Ragaalee	6
1.7.3 Meeshaalee Funaansa Ragaalee.....	6
1.7.4. Sakatta'a Dookimentii	6
1.7.5 Mala Qaaccessa Ragaalee.....	6
BOQONNAA LAMA : SAKATTA'A BARRUU.....	7
SAKATTA'A BARRUU YAADRIMEE.....	7
2.1 Fayyadama Afaanii	7
2.2. Qindoomina Sagalee	7
2.3. Qindoomina Jechootaa	8

2.3.1 Jechoota Loogaa	9
2.3.2. Jechoota Makoo	10
2.3.3. Jechoota Ergisaa	11
2.4. Qindoomina Himoota.....	12
2.5 SAKATTA'A BARRUU WALFAKKIITI	13
BOQONNAA SADI: QAACCESSAAFI XIINXALA RAGAALEE	15
XIINXALA ITTI FAYYADAMA AFAANII ASOOSAMA IMAANAA IMALTUU KEESSATTI	15
3.1. Fayyadama Seera Qubeessuu	15
3.2. Dubbachiisaa Gabaabaa	16
3.2.1 Dubbifaamaa Laafaa fi Jabaa	17
3.2.2 Dubbifamaa Laafaa.....	18
3.2.3 Dubbifamaa Jabaa.....	18
3.3 Fayyadama Jechoota Loogaa	19
3.3.1 Garaagarummaa Loogaa Sadarkaa Sagaleetti	20
3.3.2 Garaagarummaa Loogaa Sadarkaa Jechaatti	22
3.4. Haala Fayyadama Jechoota Makoo.....	24
3.5 Haala Fayyadama Jechoota Ergisaa	24
3.6 Qindoomina Himootaa Asoosama Imaanaa Imaltuu keessatti.....	27
BOQONNAA AFUR: CUUNFAA, ARGANNOOFI YAADA FURMAATAA	29
4.1 Cuunfaa	29
4.2 Argannoo.....	30
4.3 Yaada Furmaata.....	30
Wabiilee	31

BOQONNAA TOKKO: SEENSA

1.1 Ariirrata Qorannichaa

Afaan akka saayinsiin Afaanii ibsetti waan tokkollee osoo hintaane mi'a walquunnamtiiti yookaa meeshaa ittiin walii galan, kan hawaasni tokko muuxannoo hawaasummaatiin horatee yookaan gonfate ta'uu isaati. Kanaaf afaan waliin jireenya hawaasa keessatti isa bu'uura. Yaada kana ilaalchisee (Coud Well, 1955) akka ibsutti, afaan dhugaawwan keessaafi alaa, waantoota qabatamaan ta'aniifi miira hawaasa niibsu.

Haata'u malee afaan kana qotarratti daanga'a jechuun hindanda'amu. Afaan gadifageenyaan gaafa laalamu kan walqunnamtii miira ittiin ibsatan, waan alaan mul'atan qofa osoo hintaane afaan kan dhalli namaa beelladoota biroorraallee ittiin adda ba'ee beekamu uumama yaaduun gochuu danda'u waan ta'eef (Jafar, 2015).

Niyaada yeroo jedhamu namni duraan afaan beekuun yaada jechuudha. Kana malees akka aadaa isaatti yaade jechuudha. Kanaafis fakkeenya gaarii ta'uu kan danda'u abjuudha. Namni abjuu afaan isaatiin akkata/ haala addaa naannoo isaatti abju'atee hiikkata.

Gama biraatiin afaan ibsituu eenyumaati. Kana jechuun nama tokko namni tokko afaan inni dubbatu/waan inni dubbaturraa ka'uun hojii isaa, gita isaa, saba isaa, amantiisaa, aadaa isaa, akkasumas nama biyya kamii akka ta'e yoo xiqqaate shaallaguun nidanda'ama, jedhu hayyoonni loogaa. Ulaagaan saba tokko saba biraarra adda baasuun beeksisan keessaa tokkoofi inni hangafti afaani.

Yaada kana irrattis Coud Well, (1955) yoo ibsu, "dhalli namaa hawaasa keessa jiraatu keessatti sababoota lamaaf afaanitti gargaarama. Innis, tokkoffaan waanta miira keessa isaa jiru namoota naannoo isaa jiraniif qooduu yoo ta'u, inni lammaffaan immoo taateewwan seenaa darbeefi kan yeroo ammaa mul'atan kan waliin seenessan, afaaniin fayyadamuudhaani,"jedha. Kana malees itti dabaluu namichumti kun dhalli namaa faayidaawwan afaanii kan akka ajajiinsaa, ibsiinsaa, himiinsaafi kan biroo jireenya isaa guyyaa guyyaa keessatti dhimma kan itti ba'uudha. Kanaaf waa'ee afaanii waanuma/dhimmuma guyyaa guyyaan raawwatamuun kan walqabatuudha.

Haata'u malee namni afaanumaan fayyadameef qofa ergaa ergaa walqixa/walfakkaata barbaachisu dabarsuu danda'a jechuun nama rakkisa. Ergaa/yaada karoorfame tokko sirriitti

kallattii yaadame irraan galma isaa geessisuuf fayyadamni afaanii hedduu murteessaadha. Keessattuu barreeffama keessatti dubbisaafi barreessaan waan walbira hinjirree/alkallattiin waan wal arganiif barreeffamni tokko kophaa isaa yaada barreessaa sana waan ibsuuf haala gaariin dabarsuuf afaan ittiin barreeffama sana seera afaanichaa eegee sirriitti yoo qideeffameedha. Barreeffama tokko keessatti fayyadamni afaanii seeraan qubeessuu irraa kaasee jiru ga'umsa kan qabu ta'uu qaba.

Rakkooleen hanqina fayyadama afaaniin dhufan keessaa muraasni ergaa barreeffamichaa kallattii barbaadameen osoo hintaane, irraa dabsuun dubbistoonni dogongora hubannoof saaxilamu, yookaan akka saaxilaman taasisa. Mabbieffamichis ofiisaan ga'umsa dhabuun jaallatamummaa argachuu dhiisuufi kan kana fakkaatan isaan muraasadha. Hunda caalaatti rakkoon inni guddina afaanichaa irratti fidu, dagaagina/ waaltina afaanichaaf danquu keessatti yookiin tarkaanfii dhowwuu keessatti gahee guddaa qaba.

Namoonni biroon hiika afaanii yeroo barreeffama kana irratti yaada eeran immoo kanneen akka Catherinefi Angus, (2005) kaasuu dandeenya. Akka hayyoota kanaatti, "Afaan tooftaa waliin dubbii, gama barreeffamaan taasifamuudha. Kunis jechoota sirnaan walitti qindeeffamaniin, walii galteef akka nita'a jedhanii irratti walii galameen kan raawwatamuudha," jedhu.

Yaada olii kana irraas kan hubatamu afaan tooftaa dhalli namaa walii galteef naata'a jedhee akka yaadutti yookaan naannootti uummata yoo ta'e iyyuu haalli qindeeffama isaa yeroo waliin dubbii ta'ee, caalaatti immoo yeroo barreeffamaa sirrii miti taanaan walii galuuf akka rakkisu yookaan hiika yaadameef akka jallisu kan agarsiisuudha. Kunis kan agarsiisuu yeroo waliin dubbii walbira waan jirtuuf walii qajeelchuu yoo dandameesse iyyuu, yeroo barreeffamaa keessatti murteessaadha. Kunis seera caasaa qindeeffama afaan sana osoo hineegin barreeffama yoo ta'e rakkoolee armaan olitti tuqame hundaaf saaxiluu danda'a waanta'eef eeggachuun barbaachidmsaadha kan jedhu ibsa. Kana malee afaan namni walii galee uummate ta'uu mul'isa. Kun garuu kan fudhatama qabu hinfakkaatu. Sababni isaa namni walii galee uummate osoo hintaane afaan waan akka tasaatti haaluma naannoorraa uumeedha.

1.2 Ka'umsa Qorannichaa

Dandeettiin afaan danda'uu namaa yeroo madaalamu, dursi kankennamuuf dandeetti dubbachuutti aanee dubbisu gaafa ta'u dandeettiin barreessuu itti aanee kan dhufuudha. Kanaaf barreeffamni ogbarruuwwan adda addaa bakka namaa ba'uun yaada namaa kan ibsuudha. Kunis yoo seeraan dhimma itti ba'ameedha. Akka Abarraafi Namoonni biroon (1992:95) jedhanitti dhalli nama barreeffamaan duratti mallattoolee kanneen akka bocaa, fakkiiwwanii adda addaa gargaraamuun yaada isaanii akka ibsachaa turan nikaasu. Haata'u malee akkuma guddinniifi qarroominni dhala namaa dagadha dhufeen barreeffamaan yaada isaa ibsachuutti deema.

Bareeffamni Kunis afaanii, afaanitti seera caasaa jechootaa, himootaa mataa isaa kan ofdanda'e qaba. Anis kanuma bu'uuraa godhachuun qorannoo kana asoosama dheeraa Imaanaa Imaltuu jedhu keessatti ittifayyadamni afaanii isaa maal akka fakkatu irratti qorannoo adeemsisuu barbaade. Qorannoo kana adeemsisuufis waantonni nakakaasan yookaan mataduree kana irratti qorannoo akkam geggeessu kan nagodhe rakkoo yeroo ammaa kana Addunyaafi biyya keenyas mudatee jiru dhibee kooviid naayintin kan jedhamuun beekamu walqabatee seerri baruufi barsiisuu haala idileerraa waan jijjirameef, dirreetti bobba'un ragaa sassabachuun waan hindanda'amnef yookaan seeri yuunivarsiitii waan dhorkeef, waantootuma naannoo qofa irratti waan daangessef kana irratti geggeessuuf ka'e.

Kana malees immoo yeroo hedduu barreesitoonni hojii ogbaruu afaan oromoo yookaan barreeffama kalaqaa afaan oromoo warri barressan seera afaanii eeguu waan hinbarbaanneef, haaluma kanaan walqabatee qorannoo kana keessatti gaaffilee armaan gadii akka ka'umsaatti bu'uuraa godhachuun deebisuuf yookaan mala furmaata kaa'uuf

- Haala qubeessuu irratti kitaabni asoosamaa Imaanaa Imaltuu maal fakkaata?
- Haalli itti fayyadama jechoota loogaa asoosama Imaanaa Imaltuu keessatti maal fakkaata?
- Haalli filannoo jechootaa kitaaba asoosama Imaanaa Imaltuu kan akkamiiti?
- Fayyadama haalaa/caasaa kitaaba asoosama Imaanaa Imaltuu kan akkamiiti?

1.3 Kaayyoo Qorannichaa

Hojiin tokko yeroo hojjetamu yookaan waanti tokko yeroo raawwatamu kaayyoo qabaachuun barbaachisaadha. Sababni isaas namnii kaayyoo malee deemu daandiisaarra dabuufi dhiisuu waan ittiin adda baafatu waan hinqabnef, kaayyoon ka'umsaafi ga'umsa kan murteessuudha. Kanumaan walqabatee kaayyoonis bakka lamatti qoodama. Innis kaayyoo gooroofi kaayyoo gooreti

1.3.1 Kaayyoo Gooroo Qorannichaa

Kaayyoon waliigalaa/gooroo qorannoo kanaa Xiinxala Itti Fayyadama Afaanii Asoosama Dheeraa Imaanaa Imaltuu irratti kan xiyyeeffateedha.

1.3.2 Kaayyoon Gooree Qorannichaa

Kaayyoon gooree/murta'aan qorannoo kanaa immoo kanneen armaan gadii ilaaluun xiinxaluudha.

- Haalli fayyadama qubeessuu asoosama dheeraa Imaanaa Imaltuu keessa jiranu xiinxaluu.
- Haala itti fayyadama jechoota loogaa asoosamicha keessatti dhimma itti bahame xiinxaluu.
- Haala filannoo jechootaa kitaabocha keessa jiranu xiinxaluu
- Fayyadama haalaa/caasaa kitaaba asoosama Imaanaa Imaltuu keessaa xiinxaluu.

1.4 Faaydaa Qorannichaa

Qorannoon kun haala fayyadama afaanii asoosamaa kan xiinxalu yemmuu ta'u, rakkoowwaan seera afaaniin walqabataniin asoosamicha keessatti mul'atan secca'uun xiinxaluu irratti kan xiyyeeffateedha. Kun immoo barreeffamoonni afaan kanaan barreeffamaa jiranu, seera afaanichaa eeguun akka barreefamaniif ga'ee guddaa qaba jettee amanti qorattuun kun.

Kana malees immoo faayidaan qorannoon kun kennu kanneen armaan gadiiti.

- Barrsitoonni kitaabota kalaqaa adda addaa barreessaan barreeffama isaanii keessatti haala fayyadama afaanii sirriitti/siirrii ta'etti akka gagaaramaniif karaa niqajeelcha.

- Rakkoolee gama fayyadama afaanii irrati jiran, yoo fooyya'an yookaan guddachaa deeman barreeffamoota afaan kanaaf bu'aa buusu nidanda'a.
- Barreeffama keessatti seera afaanii eeguifi dhiisuun rakkoo akkamii/dhiibbaa hagamii geessisuu akka danda'u qorannoon kun karaa niagarsisa.
- Namoonni gara fulduraatti dhimma mata duree kanaan walfakkatu irratti qorannoo geggeessuuf fedha qaban/barbaadaniif akka madda ka'umsaatti itti gargaaramuu nidanda'u.

1.5 Daangaa Qorannichaa

Qorannoon kun fayyadama asoosama Imaanaa Imaltuu xiinxaluu irratti xiyyeeffata. Kitaabni kun maxxansa afuraffaafi bara 2018 kan maxxanfameedha. Barreessaan asoosama Kanaas Abraham T. Guddinaati. Fayyadamni afaanii asoosamaa kana keessatti xiinxalamus, jechoota barrsaan asoosamicha keessatti itti gargaarame, kanneen akka haalli itti fayyadama jechoota loogaa, haala fayyadama qubeessuufi seera afaanii osoo hineegin barreessuun dubbistoota irratti rakkoo inni fidu asoosamicha keessatti argaman irratti kan xiyyeeffateedha.

1.6 Hanqina Qorannichaa

Qorannoon tokko yeroo geggeeffamu hanqina qabaachuun isaa kan oolu miti. Akkasuma qorataallee haqinni mudachuun iaa kan hinoolleedha. Kanumarraa ka'uudhaan qorattuun qorannoo kana yeroo geggeessitu hanqinni mudate waan hedduudha. Kunis akka fakkeenyaatti hanqinni ijoon/bu'uuraa hanqina yerooti. Kana malees hanqina baasii mallaqaafi kitaabilee barruu walfakkiitu namudataniiru. Haata'u malee hanqinoota kanaafis furmaata barbaaduun, baasii maallaqaa ammoo, gargaarsa warra lafee dugdaa naaf ta'anii yookaan maatiifi hiriya irraa waanin argadhuun kitaabilee garaagara bituun , garii isaa immoo ergifachuun, yerooko boqonnaa malee fayyadamuun qorannoo kana adeemsisee galmaan ga'uu danda'eera yookaan rakkooleen kun furamaniiru.

1.7 Malaawwan Qorannichaa

Mataduree kana jelatti malaawwan qorannichi ittiin dhiyaatetu gabaabinaa haala armaan gadiitiin dhiyaata.

1.7.1 Saxaxa Qorannoo

Yeroo ammaa asoosamoonni Afaan Oromootiin barreeffamanii jiran hedduudha. Qorattuun asoosama jiran keessaa tokko fudhattee asoosama dheeraa Imaanaa Imaltuu jedhu xiinxatteetti.. Gosa qorannoo akkamtaatti dhimma baate qorannicha geggeessiteetti. Sababni isaas, odeeffannoon kitaabarraa qaaceffamee kan jechaan ibsame waan ta'eefidha.

1.7.2. Madda Ragaalee

Qorannoo keessatti ragaan tokko yeroo walitti qabamuu dhugummaa akka qabaatuuf maddi raga irraa fudhatame murteessaadh.Kanaafuu, qorattuun kun madda ragaa lammaffaa harshammee qaaceessuutti fayyadamtee qorannoo qaaccessitee jirti. Kunis harshammee qaaccessuun bu'aa qabeessa jedhamee waan amanamaa ta'eefidha.

1.7.3 Meeshaalee Funaansa Ragaalee

Ragaa funaanuun adeemsa qorannoo keessatti murteessaafi barbaachisaadha. Odeeffannoo quubsaa argachuuf immoo tooftaa gaarii fayyadamuun filatamaadha. Kanaaf qorattuun kun meeshaalee funaansa ragaalee isaa mala harshammee qaaccsuutti dhimma ba'uun ragaa haqaafi qabatamaa qaaceessuun kan dhimma itti baateedha. Kanaaf, mata duree kanaan kan wal qabate sakatta'uun qaaccessuu irratti kan xiyyeeffatteedha

1.7.4. Sakatta'a Dookimentii

Qorannoon kun kan adeemsifame kitaaba asoosamaa xiinxaluurratti. Kanaafuu, oorattuun harshammeewwan yookaan sakatta'a dookimentii dhimma ba'uun odeeffannoo kitaaba asoosama Imaanaa Imaltuu jedhuu keessaa argatte xiinxalteetti. Akkasumas, bu'aa qorannoo namootaa garaagaraa kan yeroo garaagaraafi mata-duree adda addaa irraatti geggeeffaman sakatta'uun odeeffannoo kan walitti qabatteedha.

1.7.5 Mala Qaaccessa Ragaalee

Malli xiinxala ragaalee qorannoo kana keessatti hojii irra oole mala akkamtaati. Kunis, waanti kana ta'uu danda'eef , wantootni safaramuufi lakkaa'amuu osoo hintaane waan xiinxalameedhe ibsamuudha. Keessattuu, safartuun isaanii kan lakkoofsaan hinibsamne. Mala kanaan kan dhimma itti ba'amee ragaalee jecha jechaa qaaceessuufi bu'aan qorannoo kanaas mala kanaan kan milkaa'eedha. Kanaaf, qorannoon kun mala xiinxala bu'uuraatti fyyadame jechuudha.

BOQONNAA LAMA : SAKATTA'A BARRUU

SAKATTA'A BARRUU YAADRIMEE

2.1 Fayyadama Afaanii

Fayyadama afaanii jechuun haala itti fayyadamaan afaan tokko seeraafi caasaa afaan Sanaa beeke yookaan hubatee ittiin dubbachuu danda'uufi barreessuudha. Kana malees fayyadamni afaanii kaayyoo, fedhii dubbattoonniifi barreessitoonni afaan tokkoo wayita yookaan yeroo afaaniin fayyadaman beekuu qabaniifi agarsiisaniidha.

Fayyadamni afaanii kun kan dubbataafi kan barreessaa jedhamuun bakka lamatti hiramuu nidanda'a. fayyadama afaanii kan dubbataa yoo jennu, akkaata dubbataan afaan tokkoo dubbiisaa keessatti afaaniin fayyadame kan agarsiisuudha. Fayyadamni afaanii kan barreessaa immoo haala barreessaan barreeffama isaa keessatti afaanitti tajaajilamee yaadasaa barreeffamaan ibsate kan ilaallatuudha.

Gabaabaadhumatti fayyadamni afaanii kan barreessaa kun barreeffama kalaqaa (create literary)fi barreeffama al kalaqaa (formal literary) keessatti addaan bahee ilaalamuu nidanda'a. Fayyadama afaanii barreeffama kalaqaa keessatti jechuun, haala barreessaan hojii kalaqaa kanneen akka walaloo, asoosamaa, diraamaa(do'ii)fi kkf keessatti afaanitti dhimmi bahame kan mul'isuudha. Fayyadamni afaanii barreeffama al kalaqaa keessatti yemmu jedhamu immoo haala fayyadama afaanii barreessaan barreeffama idilee keessatti dhimma itti ba'e bu'ureeffachuun kan ilaaludha.

Akka qorannoo kanaattis haalli fayyadama afaanii kan barreeffama hojii kalaqaa ta'ee, asoosama keessatti kan ilaalamu yemmuu ta'u, asoosamni kunis asoosama dheeraa imaanaa imaltuu jedhuudha.

2.2. Qindoomina Sagalee

Sagaleen afaan tokkoo kan qinda'an yookaan yeroo jecha ijaaran akkataa mataasa kan ofdanda'e qaba. Fakkeenyaaf afaan oromoo keessatti dubbifamaan gosti lamaafi isaa ol jalqaba jechaa irratti dhufuu hindanda'u. gidduutti immoo dubbifamaafi dubbachiistuun sadii ta'anii walitti aanuu hindanda'u. yaada kana ilaanchisuun caasluugni afaan oromoo akkas jechuun ibsa;

Caasaan afaan oromoo qindoomina dhamsagootaa lamaa ol hinayyamu. Qindoomina dhamsagoota jecha gidduu qofaaf ayyama. Jechi afaan oromoo kamiyyuu qindoomina yookaan irra butaa dhamsagoota lama jalqabaafi dhuma jechaa irratti hinayyamu. (Caasluuga Afaan Oromoo, 1998:19)

Akka yaada armaan oliitti tuqaman yoo ta'e dogongorri yoo uumamera yoo ta'e, dogongorri kan qubichaa qofa osoo hintaane dogongora unkaafi hiikaallee fiduu nidanda'a. Ergaa dabarsuuf barreeffames galmaan ga'uu dhiisuu nidanda'a. Namni barruu sana dubbisus galuufi diduun kallattii biraan hiikkachuu danda'a. Akkasumallee dubbifamuufi diduu kan danda'uudha.

Barreeffamoonni afaan oromoo hedduun yeroo dogongora sirna qidaa'ina sagalee sagaleef saaxilamantu mul'ata. Akkasumas dogongoraawwan caasaafi waan kana fakkaatan irratti Geetaachoon (1992)n akkas jechuun ibseera;

Dogongorri hanga ammaatti barreeffama afaan oromoo keessatti mul'atan sababaawwan hedduu qabu. Kanneen akka muuxannoo dhabuu, ofeeggannoo malee atattamaan barreessuu, anuma qofatu beeka jedhanii haaluma ofii qofa ilaalanii barreessuun, looga ofii malee kan biraatti fayyadamuu dhabuun sababiiwwan gurguddoodha. (Geetaachoo 1992:92)

Yaada armaan olii kanarraa akka hubachuun danda'amutti rakkoowwan fayyadama afaaniin walqabatan barruuwwan afaan oromoon barra'an irratti mul'achaa ture, mul'achaas jira. Rakkinni kunis sirna qubeessuu kanneen akka qindoomina jechaa, himaa, filannoo jechootaa, qindoomina keeyyataafi hiikaa tokkummaa dhabuuf waan kana fakkaatan dabalata. Kana keessattis seera afaanichaa eeganii hanga hindeemnetti afaan tokko seeraan itti fayyadamameera jechuun hindanda'amu. Ergaa isaas seeraan dabarsee jechuun rakkisaadha.

2.3. Qindoomina Jechootaa

Sagaleewwan dubbii akkaataa hiika qabaachuu danda'aniin walfaana bu'uun kan ijaaramuudha. Jechi qindeeffama dhamsagoota, birsagootaafi dhamjechootaa kan unkaalee hiika tokkoofi isaa olqabaniin dhihaachu danda'uufi afaan tokko keessatti ofdanda'ee dhaabbachuudha (Addunyaa, 2010:109).

Jechi sagaleewwan irraa kan ijaaramu yookaan qindeeffamu ta'ee sagaleewwan kunneen akka sabni afaan sana dubbatu beekutti tarreeffamuu qaba. Kanaan ala yoo ta'e hiika qabaachuu waan hindandeenyeef akkasuma hiika hiika biraallee kennuu waam danda'uuf.

Barreeffama tokko bareessuuf callisnee barreesina osoo hintaane hiika jechootaa beekuutu nurraa eegama. Yookaan hiika jechootaa beekuu qabna. Hiika jechi tokko bakka galumsaatti qabuufi hiika inni dhuunfaan qabu addaan baasnee beekuun barbaachisaadha. Jechoonni lama(2) hiika walfakkaatu qabaannaan immoo isa caalaatti itti dhihaachuun dhimma keenya sirriitti nuuf jennu fayyadamuu qabna.

Jechoonni kunis gosoota garaagaraatti qoodamanii jiru. Isaan keessaa muraasni; jechoota loogaa, jechoota ergisaa, jechoota makaafi warree kana fakkaatan. Barreeffama tokkon ergaa dabarfachuuf waa'ee jechoota kana hubannoo qabaachuun barbaachisaadha.

Jechoota armaa olitti tuqne kana yookaan gosoota jechoota armaan olitti tuqne kanneen gabaabsinee akka armaan hailaallu;

2.3.1 Jechoota Loogaa

Jechoota loogaa jechuun garaagarummaa dubbii kan namoota(hawaasa afaan tokko dubbatan gidduutti mul'atuudha. Loogni afaan bakkee/iddoowwan garee hawaasaa garaagaraa keessatti dubbatamu ta'ee kan garaagarummaa seerlugaa, sagaleessuu, dhamsagaafi waan kana fakkaaniin namoota namootatti gargar ta'eedha. (Harry show, dictionaty of literaty terms, 1905:113).

Akka yaada armaan olii kanatti garaagarummaa hawwasaafi hawwaasaa yookaan naannoo, naannoo qofatti kan mul'atu osoo hintaane akka namni tokkofi namni garabiraan ittin dubbatu waanuma tokko haala garaagaraan sababa dubbataniif kunillee looga ta'uu isaa agarsiisa. Kanaafis afaan kamuu looga qabaachuu akka danda'u kan mul'isuudha.

Waa'ee looga kanaanis gama afaan oromooti yoo deebinu afaan oromoo loogaan kan guutame ta'uu isaa agarra. Sababni isaas hawaasni oromoo hedduufi iddoowwan adda addaa lafa oromoo yookaan oromiyaafi keeniyaa keessaa faca'anii waan jiraataniif jechuu dandeenya. loogni kun akka uumamuuf sababa warren ta'an mee akka armaa gadiitti yaada kana ilaalla;

Lafti afaan oromoo keessatti dubbatamu bal'aa waan a'eef, garaagarummaa loogaa nimul'ata. Loogni afaan oromoo garee gurguddoo sadii(3) qaba. Isaanis; looga dhihaa, looga bahaa fi looga kibbaatti qoodamee kan ilaalamuudha (Caasluuga, J, I, 1998:1).

Yaada kanarraa kan hubatamu loogni afaan oromoo heddumaachuuf daay'achuu sabichaafi bal'achuu lafa inni irra jiraatuuti. Kana malees lafti isaa kun akkaata teessuma isaatiin hawaasichi walirraa fagaacha adeemuun isaa sababa ta'eera.

Gama biraan waa'ee loogaa Ogrady (1996) akka jedhutti, loogni garaagarummaa gareewwan hawaasa gidduutti uumamu ta'ee garaagarummaa haala dubbii, sagaleessuu, jechootaafi kan kana fakkatu akka ta'e ibsa. Jechoonni loogaa barreeffama tokko keessatti yoo baay'atan dubbistoonni barruu Sanaa hinbeekne yaada, ergaa barruu Sanaa hubachuuf nirakkisa. Sababiin isaas jechoonni naannoo garaagaraatti hiika adda addaa qabu waan ta'eef.

Fakkeenya kanaaf afaan oromoo keessatti yoo fudhatame bukkee jechi jedhu naannoo oromiyaa lixaa keessatti hiikni isaa cina /maddii jechuu yoo ta'u gara arsii lixaa, baleetti immoo hiika biraa qaba. Afaan oromoo barruuwwan barreeffaman keessatti jechoonni akkasii darbee darbee nimul'ata. Kanaaf barreessaan yeroo barreessu jechoota bakka hedduutti hiika walfakkaata yookaan beekamaa ta'anitti gargaaramuufi jechoota galmee jechoota irra jiran fayyadamee yoo barreesse filatamaadha. Yoo kan itti gargaaramu ta'es hiika jechichaa kooteshiini ('') kana keessa kaa'ee barreessuu baay'ee barbaachisaadha.

2.3.2. Jechoota Makoo

Jechoota makuun adeemsa jechoonni haaraan ittiin waamaman keessa is tokko. Kunis jechoota ofdanda'oo garaagaraa lama walitti fiduun gabaabsuun jecha ofdanda'aa tokko uumuuti.

Akka Ogrady (1996) ibsutti jechoonni makoon adeemsa jechoota ofdanda'oo lama walitti fiduun, hundee jechaa irraa fuuchuun walitti fiduun jecha haaraa of danda'e tokko uumuuti.

Jechoonni makoo afaan oromoo keessatti haala lamaan barreeffamuu danda'u. inni duraa walitti siqfamee barraa'uu danda'a. inni lammaffaan sarara xiqqaa jechoota sana lamaan gidduu galchuun barreessuudha. Kun kan ta'u yoo jalqabaa sagalee dheeraan xumura yoo ta'e qubee tokko irraa gatuun sararri xiqqaan gidduu gala. (Geetachoo, 2005:63) jechoonni makoon kunis yeroo walitti dabalaman;

jechoonni adda addaa kun eega walitti makamanii hiika lamaan duraa irraa adda ta'e kennuu danda'a yookaan jechoota kanneen lamaan irraa madde kennuu nidanda'a.

2.3.3. Jechoota Ergisaa

Ergifannaan alama afaanii keessaa isa tokko. Afaan tokko afaan biraa irraa jecha ergifatee itti fayyadamuu nidanda'a. afaan addunyaa irra jiranu hunduu haa xiqqaatu malee afaan waliirraa osoo hinergifatin hafu hinjiru. Yookaan jecha afaan isaa qofatti afaan fayyadamu hinjiru. Garuu hangi ergifanna isaa sadarkaa afaaniitiin walcaaluu danda'a. ergifannaan kunis sagaleetii hanga himaatti ta'uu danda'a.

Akka yaada Ogrady (1996) ibsutti ergifannaan afaan tokkoo yeroo afaan biroo irraa sagalee, jechootaafi seera/caasaa fudhachuun itti fayyadamuudha.

Ergifannaan kun sadarkaa sagalee, jechaafi hanga himaatti ta'uu danda'a. ergifannaa kanaaf waantonni sababa ta'an saayinsiifi teeknooloojii, karaa ololtummaa siyaasaan walqabatee afaan tokko afaan tokkorra caalchisanii ilaaluun jechoota afaan ofii dhiisanii kan afaan biraatti fayyadaman osoma jedhuu jechoonni sun afaan sana keessatti makamaa deemu.

Afaan oromoo ilaalchisuun yaadni ergifannaa jedhu wiirtuu Jildii-5 ffaa keessatti akka ibsametti;

Haala liqaa /ergifannaa kan afaan oromoo yoo ilaallu, sirnoota darban keessatti olaantummaa afaan amaaraa biyyatti kana keessatti qabaata turerraa kan ka'e Afaan kanarraa waan hedduu ergifatee argama. Haa ta'u malee Afaanota Awrooppaa kanneen akka Afaan Inglizii, Faransaayii, Xaaliyaaniifi akkasumas afaan Arabaarraa liqaan fudhachuu hinoolle (Tamasgeen (1992:45).

Ergifannaan kun faayidaas miidhaas niqabaata. Gama faayidaasaan yoo ilaalle afaan guddisuufi gabbisuu nidanda'a. yaaduma kana ilaalchisuun Bill Bryson (2006) akka ibsetti ; afaan inglizii kaninni guddachuufi jechoota hedduu qabaachuun beekame afaanota biroo kanneen akka afaan Faransaayii, Speen, Arabaafi kan kana fakkaatan irraa akkasumas Afaan laatiinii irraa jechoota hedduu ergifachuun akka ta'e ni ibsama. Karaa biraa ergifannaan afaan midhuus nidanda'a. yaada kanaaf immoo Ogrady (1996) eerera.

Akka yaada namicha kanaatti jechoonni ergisaa caasaa xiinsagaa, xiinjechaafi hiika afaan ergifate sana illee yoo itti makaman jeequ akka danda'aniidha kaninni ibsu. Itti dabaluuinis

yeroo jechoota ergifatan afaan ofii keessaa yoo maqaan wanta Sana bakka bu' u osoo jiruu afaan ergisaa sanaan yoo waaman kan duraanii sun badaa yookiin du'aa adeemu karaa biraa baay'ina isaa keessa afaan quucarsaa, guddina dhowwu nidanda'a. kanaaf yeroo jechoota ergisaatti fayyadamnu eeggannoon fayyadamuun barbaachisaadha.

2.4. Qindoomina Himoota

Encyclopaedia American volume.28 hima yeroo ibsu" hima jechuun gurmaa'ima jechootaa ta'ee yaada tokko obsuu kandanda'uudha. Himni kunis gaalee tokko yookaan tokkoo ol kan ofkeessaatti danda'u. Himni kunis garee jechoota hata'u malee gurmaa'ina jechoota kana haala barbaannetti tarreessuun hiika barbaadamu argachuu hindandeenyu.

Caasimni seeraawwan jechoonni walitti qindaa'anii yookaan caasefdamanii gaaleewwan tolchaniif gaaleewwan immoo waliin qinda'anii himootaafi gaalimoota tolchaniidha. Haala kanaan jechoonni seeraan waliin qinda'anii caasaalee bal'aa tolchu, gaaleewwanis seerumaan caasefdamanii caasaawwan baay'ee bal'aa ta'an himootaafi gaalimoota tolchu (Caasluga Jildii,1, 1998:1).

Himni garee jechootaa adda addaa walitti fiduun caasaa olaanaa hiika (ergaa) dabarsuu danda'u uumuu danda'a.

Himni tokko sirfiifi hiika qabaachuuf yeroo barreessuufi afaaniin dubbatamu tartiiba ta'urra hordofuun deemuu qaba. Himni gareewwan jechootaa hedduu ofkeessaa qabaatu malee bu'uura isaa matimaafi gochima, haata'u malee caasaa bu'uuraan ala yeroon itti fayyadamamu nijira. Kun garuu hima sana irratti hubannaa garaagaraa fiduuf carraan isaa bal'aadha. Kana malees hima sirrii ta'e qindeessuu keessatti miseensotaa xixiqqaa hima ijaaruu keessatti qooda qaban beekuun barbaachisaadha. Isaanis kanneen dhaamjechoota hortee fi uumamtee jechoota irratti dabaluun uumaman unkaaf hiika hima tokko jijjiiruuf balleessuu waan danda'aniif kanneen akka henna, murteessituu, koornayyaafi lakkoofsaa beekuun barbaachisaadha.

2.5 SAKATTA'A BARRUU WALFAKKIITI

Mata duree kana jelatti qorannoowwan Kanaan dura geggeeffaman kan mata duree qorannoo Kanaan walfakkatan yookaan walitti dhufeenya qabantu sakatta'amee ilaalama. Haaluma Kanaan qorannoon qorannoo Kanaa wajjin walitti dhufeenya qaban walfakkeenyaafi garaagarummaa isaan qorannoo kanaa wajjin qaban wal simsiisifamanii akka kanaa gadiitti dhiyaatu; qorannoowwan mata duree kanaan kallattiin walfakkaatan hanga qorataan kun sakatta'etti hedduun hinjiranu. Haata'u malee hammuma tokko walitti siqeenya kan qabantu sakatta'ame

Barruun walfakkii yookaan qorannoowwan kunneen haala walduraa duuba itti siqeenya isaaniitiin kan dhiyaatudha

Qorannoon gama fayyadama afaaniin asoosamaa irratti geggeefame keessaa tokko Jaalalli Hayiluun bara 2002/11 mata duree Xiinxala Fayyadama Afaanii Asoosama Yaadani keessatti jedhuudha. Qorannoon kun kan geggeefame boqonnaa afuritti qoodame kan dhiyaateedha. Boqonnaan tokko seensa qorannichaa yoo ta'u, boqonnaan lama sakatta'a barruu yaadrimeefi sakatta'a barruu walfakkii kan ofkeessaa qabuudha. Boqonnaan sadii immoo xiinxala ragaaleeti, boqonnaa afuritti immoo Cuunfaafi yaada furmaata kan qabuudha. Qorannoo kana keessattis waa'ee qindoomina jechootaa barreessaan fayyadame, rakkoo afaanii asoosamicha keessatti mul'atan filannoo jechootaa inni iiti gargaarameefi qindoomina jechootaati gadi fageenyaan kan ilaaleedha.

Qorannoon kan biraan immoo kan Sakatta'ame kanuma itti fayyadama afaanii irratti qoratame, Moosisaa Muluutiin bara 2002/11 dha. Mata dureen isaa Xiinxala Fayyadama Afaanii Asoosama Immimmaan Haadhaa keessaatti kan jedhuudha. Qorannoon kunis akkuma isa olii boqonnaa afuritti qoodame kan dhiyaateedha. Qorannoon kunis Filannoo jechootaa, rakkoo Filannoo jechootaan dhufan kan asoosamicha keessatti argamu, fayyadama dubbii qolaa achi keessatti dhihaateefi jechoota ergisaa asoosamicha keessatti argamu gadifageenyaan kan xiinxaleedha.

Qorannoon biraan Ambassaa Hundeen 2011 A.L.A qoratameedha. Mata dureen isaa Fayyadama Afaanii Dirmammuu keessatti, kan jedhuudha. Qorannoo kana keessatti jechoota ergisaa, jechoota loogaa yookaan jechoota gandiffaafi itti fayyadama himootaa asoosamicha keessatti argaman gadifageenyaan kan ilaalamaniidha. Itti dabaluu is irra deddeebii jechoota loogaafi dubbiiwwan qolaa Kitaabichaa keessatti mul'atu irratti kan adeemsifameedha. Ciminni qorannoo

kanaas seera qorannoo guutee waan hedduu gadifageenyaan kan xiinxaleedha. Kunis kanneen akka hima salphaa, hima xaxamaa, hima dachaafi hima salphaa xaxamaa kan mul'isuudha.

Qorannoon kan biraan immoo Ayyaantuu Ibraahimiin kan bara 2011/18 tti mata duree Xiinxala itti fayyadama Afaanii Asoosama Hiree Jallatte keessatti jechuun geggeefameedha. Qorannoon kunis Filannoo jechootaa barreessaan asoosamicha keessatti itti gargaaramee kanneen akka jechoota ergisaa, jechoota loogaafi qindoomina jechootaa gadifageenyaan kan xiinxaleedha.

BOQONNAA SADI: QAACCESSAAFI XIINXALA RAGAALAA

Seenaa Gabaabaa Waa'ee Kitaabichaa

Kitaabni asoosamaa kun mata duree isaa; Imaanaa Imaltuu jedhu kun barreeffame Abrahaam Tasfaayee Guddinaatiin bara 2009 maxxansi duraa kan eegale yoo ta'u baruma sana keessas maxxansi lammaffaanis ba'e, maxxansi sadaffaan bara 2013 yoo maxxanfamu, maxxansi afuraffaan bara 2018 A.L.A maxxanfame. Hojiin kunis maxxansa afuraffaa kana irratti kan hojjietameedha. Bakkinni itti maxxanfames Afrikaa kibbaa magaalaa Johannesburg tti. Akka walii galaattis fuula 220 kan qabuudha.

XIINXALA ITTI FAYYADAMA AFAANII ASOOSAMA IMAANAA IMALTUU KEESSATTI

Boqonnaan kun itti fayyadama afaanii asoosama Imaanaa Imaltuu irratti xiyyeeffachuun akkaataa barreessaan sagalootatti, dhamsagootatti, jechootatti, himootattiifi kan kana fakkaatanitti fayyadamuun asoosama kana barreessetu xiinxalamee dhiyaate. Gabaabumatti kitaabni kun seera barreeffama afaan Oromoo eegee barreeffamuu isaatu mataduree adda addaatti qoodamee dhiyaate.

3.1. Fayyadama Seera Qubeessuu

Qubeessuun adeemsa qubeewwan dubbaachiisaafi dubbifamaan akkaataa seera afaanichi hordofuutiin walitti qindeessuun jecha ittiin ijaaraniidha. Yaada kana tumsuudhaan galmeen jechoota Oxford Advanced Learner's dictionary (6thed:1144) qubeessuu haala armaan gadiitiin ibsa, "spelling is the act of forming words correctly from individual letters" jechuudhaan ibsa. Yaadota armaan olii kanarraa wanti hubatamu, qubeessuu jechuun qubeewwan afaan tokko keessa jiran akkaataa seera afaanichaatiin walitti qindeessuudhaan jecha uumuu (ijaaruu) akka ta'e hubachiisa. Kunis, jechoota hawaasni afaan sana dubbatu fayyadamna malee callisnee qubee walitti fiduudhaan jecha afaan sana keessatti hin argamne ijaaruu jechuu miti.

Kanumaan walqabatee kutaa kana keessatti haalli fayyadama seera qubeessuu Afaan Oromoo asoosama Imaanaa Imaltuu keessatti mul'atan haala kanaa gadiitiin xiinxalamaniiru.

Dubbachiisaa fi Dubbifamaa

Sagaleen dubbachiisaan yeroo qaamni dubbii keenyaa inni dubbifamaan walitti dhufee akka addaan banamu gochuudhaan dubbifamuu sagalootaarratti qooda fudhata. Yommuu ta’u, sagalee dubbifamaa kan jedhaman Afaan Oromoo keessatti sagaloonni dubbifamaan kan sagalee mataa isaanii hin qabneedha. Kana jechuun sagaloota dubbachiisaa waliin ta’uun sagalee dubbii umuu jechuudha.

3.2. Dubbachiisaa Gabaabaa

Sagalee Dubbachiisaa Keessaa Hambisuu

a. “Kanumaafidha deessuun, yeroo kam caalaatti kan namni, **anteen**, firri barbaachisuun kan wal’aaneenii dhiigicha deebisuuf.” (Fuula, 8 keeyyata 3ffaa)

Hima armaan olii keessatti jechi gurraacha’ee barreeffame sagaleen dubbachiistuu keessaa hafuun waan barreeffame fakkaata. Sababni isaas, Afaan Oromoo keessa jechi haala kanaan barreeffamee tajaajila kennaa jiru hinjiru waan ta’eefidha. Kana malees, jechi kun akkaataa barreeffamuu qabuun sababa hinbarreeffamneef hiika maalii akka qabu beekuunis rakkisaa ta’uu danda’a. Haala galumsa hima keessatti barreeffameetiin jechi kun **Aanteen** jedhamee yoo barreeffame irra filatamaa ta’uu danda’a.

b “...hanga humnikoo naa eyyametti sagalee ol **fudhee** iyyeen ture...” (Fuula, 18 keeyyata 2 ffaa)

Hima armaan olii keessaatti jechi gurracha’ee barreeffame sagaleen dubbachiftuun keessaa hafuun waan barreeffame fakkata. Sababni isaas, Afaan Oromoo keessa jechii haala kanaan barreeffamee tajaajila kennaa jiru hin jiru waan ta’eefidha. Kana malees, jechi kun akkaataa barreeffamuu qabuun sababa hin barreeffamneef hikkaa maalii akka qabu beekuunis rakkisaa ta’uu danda’a. Haala galumsa himaa keessatti barreeffameetiin jechi kun **fuudhee** jedhamee yoo barreeffame irra filatamaa ta’uu danda’a

c, “**dhiis** itti hin dhiphatin, aniyyuu dalagee of nan barsiisaatii. (Fuula, 20 keeyyata 2 ffaa)

Hima olii kanas yoo ilaalle, akkaataa seer luga Afaan Oromoo eegee hin barreeffamne. Kana jechuun, galmee jechootaa Afaan Oromoo keessatti jechi haala kanaan hiika dhabuu yookan hiika hima barreeffamee jijjiiruu danda’a. Haala barreeffamaa keessatti hiika galuumsaa waliin

wal qabatuun jechi kun **dhiisi** kan jedhu bakka bu'uun yoo barreeffame irra filatamaa ta'uu danda'a.

d, " ...hangan badduu baafadhutti na **egdaree**?" (Fuula, 24 keeyyata, 1 ffaa)

Himni kun barreeffama keessatti wanti jedhamuu barbaadameefi akka amma jiru kanatti hiikni inni kennu tokko ta'uu dhiisuu danda'a. Sababni isaas, jecha '**egdaree**'jedhu keessaa waan sagaleen dubbachiisaa dheerachuu qabu hafeef hiikni himichaa jijjiirameera. Barreeffama kana keessatti kan jedhamuuf barbaadame kana miti. Jechi kun barreeffama keessatti haala jedhamuuf barbaadameen yoo barreeffamu **eegdaaree** jechuun barreeffamuu qaba.

e, "Kululeen **obdii** kutichaa keessa jilbeenfattee...(Fuula, 37 keeyyata, 2 ffaa)

Hima kanas yoo ilaalle, akkaataa seerluga Afaan Oromoo eegee hinbarreeffamne. Kana jechuun, galmees jechoota Afaan Oromoo keessa jechi haala kanaan barreeffamee hiika qabu waan jiru hinfakkatu. Kanaaf, jechi kun hiika dhabuu yookaan hiika hima barreeffamee jijjiiruu danda'a. Haala barreeffama keessatti hiika galumsaa waliin wal qabatuun jechi kun **Oobdii** kan jedhuun bakka bu'uun yoo barreeffame irra filatamaa ta'uu danda'a

f, " ...silaa duutni kunis yeroo **eeganitt** haftee yeroo dhiisanitti dhufuu baay'istii...(Fuula, 44 keeyyata 2 ffaa)

Himni kun akkaataa hiika barreeffamicha keessatti qabuun hinbarreeffamne. Kunis jechi gurraacha'ee barreeffame iddoo sagaleen dheerachuu qabutti gabaabbachuun, iddoommoo sagaleen gabaabbachuun qabutti dheerachuun barreeffameera. Kanaaf, jecha kana akkaataa barreeffamuu qabutti yommuu barreeffamu **eeganitti** jedhame sirreeffamuun barreeffamu danda'u.

Dubbifamaa

3.2.1 Dubbifaamaa Laafaa fi Jabaa

Afaan Oromoo keessatti sagaleen dubbifamaa laafaan dubbifamaa jecha yookaan hima keessatti tokko qofa ta'ee kan argamu yommuu ta'uu, dubbifamaa jabaan Afaan Oromoo keessatti sagalee dubbifamaa bifa tokkoo walitti aanee yoo gale jechi sun jabaachuudhaan kan dubbifamu jechuudhaa.

3.2.2 Dubbifamaa Laafaa

Sagalee Dubbifamaa Itti Dabaluu

Barreeffama xiinxale keessatti jechoonni osoo barreeffamuu hinqabaatin barreeffaman hedduun nimul'atu. Kuns, dubbifamaa gosa tokkoos, ta'ee garaagaraa haala hin barbaachifneen, barreeffamuun kan uumameedha. Yaada kana barreeffama xiinxalame keessaa fakkeenyaan haa ilaallu.

(2) a,.... Iyyasaa garaa nyaateenii, gara addunyaa keessaa dhufeetti haa deebi'uuf kan birmannaa dhufe garuu hinturre; silaas kan **haatni** eyyamtee garaa baafatte, eenyu qabee garaatti haadeebisuufi?.... (Keeyyata 1 ffaa,. fuula 23)

Hima armaan olii keessatti dubbifamaan 'n' n osoo barreeffamuu baatees ergaa sana dabarsuu nidanda'a. Kanaaf osoo **haati** jedhee barreeffamee gaarii fakkaata.

b. Eebbisaan yaada isaa mara walitti guuree “Maal asii goota halkan **kanaan?** Samiiraa” jedheen. (Fuula 141, keeyyata 3).

Hima armaan olitti barreeffame keessatti jechi grraacha'ee barreeffama dubbifamaan osoo laafuun barreeffamuu qabu jabaatee barreeffameera. Hima barreeffame keessatti jechi **kanaan** jedhu **kanaan** jedhamuun osoo barreeffamee himicha keessatti irra fudhatama qaba. Sababni isaas hima barreeffame keessatti jechi **kanaan** jedhu Afaan Oromoo keessatti haala kanaan barreeffamuun isaa baratamaa miti.

c, Halkan gaafa tokkoo, hojjechisiifataashee kanaan **dirqarmtee** gudeedamtee hinfedhin ulfooote. (Fuula 16, Keeyyata 2)

Himni kun yeroo barreeffame osoo **dirqamtee** jedhee filatamaa ta'uu danda'u, sababni isaa jechi akka kanatti barreeffamu yeroo baay'ee waan hinjirreef.

3.2.3 Dubbifamaa Jabaa

. Dubbifamaa Keessaa Hambisuu

a. Dubartittii biraa deema ofiin jetti. Garuu **,fuua** isii irratti waan badaa agarsiisaa hin jirtu gammachuu malee .(fuula 140, keeyyata 2)

Jechi gurraacha'e kun akka hima kana keessatti barreeffametti yaadni inni dabarsuu barbaade hiika **fuua** jedhu kan of keessaa qabu miti.

Barreeffama keessattimmoo kan jedhamuuf barbaadame kana miti. Jecha kana keessaa sababa sagaleen dubbifamaa '1'n hafeef hiikni jecha kanaa jijjiiruu danda'a jechuudha. Jechi kun barreeffama keessatti akka hima waliin barreeffame irraa hubachuun danda'amutti hiikni inni kennuuf barreeffame hiika amma qabu kana kan qabu hinfakkatu. Kanaaf bakka jecha gurraacha'ee barreeffamee jechi **fuula** jedhu yoo bakka bu'e himicha irra caalatti waan jedhamuuf barbaadame waan ibsu fakkaata. Kanaaf, bakka jecha gurraacha'ee barreeffamee jechi **fuula** yoo bakka bu'e himichi irra caalaatti hiika qabaata.

b. Abubeker **surree** isaa baafachuu heduuf Safaheefi Obsaan ol seenaa jiran Madirasaa irraa (Fuula 176, keeyyata 2).

Hima barreeffame keessatti jecha gurraacha'ee barreeffame haala galumsa hima keessatti qaburraa hiika isaa tilmaamuun ni danda'ama. Haata'u malee, jecha kana fudhannee yommuu ilaalluu sagaleen dubbifamaa jabaachuu qabu hafeera. Haala barreeffamee jiru kanaan jechi kun hiika galmee jecha keessatti galmaa'ee beekamu waan qabu hin fakkaatu. Kanaaf, jecha kana akkaataa jechoota duraafi booda jecha kanaa barreeffamaniirraa ka'uun hiika isaa tilmaamuun yommuu barreeffamu **surree** kan jedhu ta'uu danda'a. Jechi kun sababa sagaleen dubbifamaa barreeffamuu qabu keessaa hafeef sagaleen dubbifamaa jabaachuu qabu jabaachuu dhiisuun hiika barreeffama keessatti jedhamuuf barbaadame osoo hin kennin waan hafe f. Kanaaf, hima armaan olitti barreeffame haala kakaa gadiitiin yoo barreessine irra filatamaa ta'uu danda'a.

Abubeker **surree** isaa baafachuuf heddu.....kan jechuutu filatamaadha.

3.3 Fayyadama Jechoota Loogaa

Loogni jechoota giddugaleessummaadhaan waalta'anii galmee jechaatti dabalamuuf hingeenye ta'uufi garaagarummaa jechootaa namoota afaanicha dubbatan gidduutti mul'atu . Garaagarummaan jechootaa kunis jechi tokko naannoo garaa garaatti hiika adda addaa qabaachuun yookaan jechi garaagaraa hiika walfakkaatu qabaachuun kan itti fayyadamaniidha. Loogni sababoota diinagdee, umrii, dhimma hojii, sadarkaa barnootaa, aangoo siyaasaa, naannoo

jireenyaa,weeraramuu,sababa godaansaafi walitti makamuu uummataa irraa kan ka'e hawaasa afaan tokko dubbatu gidduutti uumamuu danda'a.

3.3.1 Garaagarummaa Loogaa Sadarkaa Sagaleetti

Afaan tokko uumamumaan loogawwan garaagaraa qabaachuu danda'u. Kana malees, garaagarummaan loogawwan afaan tokkoo sadarkaalee garaagaraatti ni mul'ata. Afaan Oromoo keessattis garaagarummaan loogaa sadarkaalee garaagaraatti ni mul'ata. Kanneen keessaa garaagarummaan loogaa sadarkaa sagalee isa tokko. Haaluma kanaan garaagarummaa loogaa sadarkaa sagaleetti mul'ate fakkeenya fudhannee yoo ilaallu

3 a. Guyyaan da'umsas**shee yommuu** ga'ettis, gargaarsa namootaatiin gara Hospitaala Adivestistii Gimbiitti **geessamtee**, wal'aansa baqaqsanii hodhuutiin ilma deesse. (Keeyyata 1, fuula 1)

Jechoonni armaan olitti mul'atan kunneen akka naannoo Wallaggaatti kan baay'ee itti gargaaramamuudha. barreessaan kitaaba kanaas looguma naannoo sanaatti kan gargaarameedha. jechoonni kunneenis naannoo garaagaraatti haala garaagaraatiin sagaleeffama. jechi **shee** jedhu iddoo garaagaraatti, **isee** bakki itti jedhamu jira. Jechi **yommuu** jedhu immo **yemmuu, yegguu** nijedhama. Jechi **geessamtee** jedhu geeffamtee, geechamtee jedhama. kanaaf barreessaan Kun kunneenis jechuu nidanda'a ture.

b. **Isuma** dhalate luucca'aa rifeensaa dugdarra tuullatee garaa haadhaa ba'e. (Fuula 2, keeyyata 2)

Hima armaan olii keessatti jechi gurraacha'ee jiru looga baay'inaan naannoo Wallaggaatti dubbatamuudha. Jechi kun akkaataa hawaasni Oromoo naannoo birootti biratti beekutti yommuu barreeffamu **yeruma, yarooma, ogguma, aluma** jedhamee barreeffamuu qaba.

c.....Dr. Dorombeen **ishee** tokkoodha. (fuula 3, keeyyata 2)

Jecha kana baay'inaan naannoo Oromiyaa keessatti hawaasni maccaa kan itti fayyadamamiidha. Haa ta'u malee, naannoo Oromiyaa iddoo birootti ammoo jecha kana **Isee, isii** jedhanii kan itti gargaaramanillee nijiru.

Haaluma kanaan, jechoota garaagarummaa loogaa sadarkaa sagaleetti kitaaba xiinxalame keessa jiran gabatee armaan gadii keessatti yommuu ilaallu;

Jechoota loogaa	Jechoota bakka birootti dubbataman	Fuula	Keeyyata
Haatni	Haati	2	1
Qulqullisa	Qulqullinaan	5	1
Duutni	Duuti	5	5
Ishee	isii,isee	3	2
Tokkootiin	Tokkoon	7	1
Antee	Aantee	8	2
Hinkomatne	Hinkomanne	11	1
Ijoollotni	Ijoollonni	11	2
Uccuu	Huccuu	11	2
Yommuu	Yemmuu	12	1
Abjoota	Abju'ata	12	3
Silaatii	Silaas	14	1
Dirqarmtee	Dirqarmtee	16	2
Da'aatanii	Da'atanii	17	2
Ba'aachuuf	Ba'achuuf	17	2
Ta'aanii	Ta'anii	17	2
Dhaga'aanii	Dhaga'anii	18	1
Dhiirti	Dhiirri	19	1
Baatiifi galti	Ba'iifi galli	21	2
Ammaan duratti	Kanaan duratti, ammaan dura	25	2
Qaqqabaan	Qaqqabannaan, qaqqabataa	28	1
Iraatiin	Iraa	47	3
Shaniitiin	Shaniin	50	1
Qerqedaa	Qirqidaa	53	1
Iyyaafata	Hiyyafata	53	2
Quxisuu	Quxusuu	62	2

Gabatee 1: Garaagarummaa Loogaa sadarkaa sagaleetti mul'atan agarsiisu

3.3.2 Garaagarummaa Loogaa Sadarkaa Jechaatti

Afaan Oromoo keessatti sadarkaalee garaagarummaan loogaa itti uumamu keessaa sadarkaan jechaa isa tokkoodha. Kunis jechoonni Afaan Oromoo Oromiyaa keessatti dubbataman naannoo adda addaatti garaa garummaa kan qaban ta'uu agarsiisa. Kana jechuun jechi tokko hawaasa naannoo adda addaa jiraatu biratti hiika adda addaa qabaachuu danda'a. akkasumas, jechi garaagaraas hiika walfakkaataa qabaachuu danda'a. garaagarummaa loogaa sadarkaa jechaatti mul'atu kitaaba qaaceffame keessaa fakkeenya fudhannee yommuu ilaallu:

(4) a.yeroo garii inni **bukkeedha** jettee sodaatti .(Fuula 146, keeyyata 2). Jechi kunhawaasa oromoo akka itti beekuu garaagara ta'uu danda'a. Jechi kun akka hawaasa oromoo naannoo birootti hiika cinaa jedhu yoo ta'u, akka hawaasa naannoo Arsiitti , **nama wal qunnamtii saalaa gochuu hin dandeenyeetti** ilaalama.

b .Akka nama booyu **hedu tokko fakkaata** . (Fuula 146, keeyyata 2).

Jechi barreessaan itti fayyadame kun baay'inaan looga hawaasni naannoo Arsii biratti dhimma itti bahamuudha. Barreessaan kitaabichaas looga naannoo hundaa giddugaleessa osoo hingodhatin dhimma itti bahe. Kunimmoo hawaasni naannoo garaagaraa kitaabicha yoo dubbise fedha akka dhabu gochuu danda'a. Sababni isaas hiika jechichaa baruuf rakkachuu waan danda'uufidha. Kanaafuu, barreessan looga naannoo dhiisee looga hawaasni bal'inaan itti fayyadamuun osoo barreessee irra fudhatamummaa qabaachuu danda'a ture. Haaluma kanaan, jechi kun **yaadu** yookaan **fedhuu** jedhamuunis ni dubbatama. Gabatee 2 ffaa Jechoota loogaa sadarkaa jechaatti kitaaba xiinxalame keessatti mul'atan gabatee armaan gadii keessatti yoo kaafnu;

Faana	Waliin,wajjin	32	2
Dalagaa	Hojii	32	2
Dantaa	Dhimma	32	2
Qayyabachiisa	Qo'achiisa	33	2
Darbaa	Hedduu	33	3
Haalaan	Sirriitti	35	1
Iccitaan	Dhoksaan, iccitiin	35	2
Walii	Gosa	36	1

Qaroo	Ija, agartuu	37	2
Waqtii	Waktii	38	2
Seequu	Kolfuu	38	2
Ximbiriiree	Deemee, fiigee	39	3
Wareeree	Na'ee, rifatee	39	3
Hubate	Bare, qalbeeffate	40	2
Ciccitaa	Murmuramaa	40	3
Boqotteetti	Duuteetti	41	1
Xumurtee	Fixxee, raawwattee, goolabdee	41	2
Muraasaan	Yartuun, xiqqoon, bucuun,	41	2
Marayyuu	Hundayyuu, cufayyuu	42	1
Sooratarraa	Nyaatarraa	45	1
Dureessotaa	Sooressotaa	46	2
Furii	Dabaree	42	2
Lattoo	Masoo	47	2
Raajuu	Dinqisiisuu, ajaa'isiisuu	52	2
Martuu	Hunduu, cuftuu	53	2
Hammaataa	Cimaa, rakkisaa, dadhabsiisaa	53	2
Ishe	Isii, isee	58	2
Dabaree	Taraa	63	1
Imaanaa	Waadaa, Irbuu	63	1
Balbala	Ulaa	64	2
Nafa	Qaama	65	1
Fottotaa	Qimmiidda	81	1
Cina	Bira, maddii, bukkee	83	2
Xalacoo	Jabbii	88	1
Ferexe	Burraaqxe, xerephifte	88	1
Si baanti	Si waanti, siin jetti	91	2
Xibiruu	Limixii, gurraacha	92	1

Gabatee 2: Xiinxala looga sadarkaa jechaatti mul'atan agarsiisu.

3.4. Haala Fayyadama Jechoota Makoo

Jechoota makuun akkuma boqonnaa lama keessatti ibsame, jechoota ofdanda'oo lama walitti makuu jecha biraa ofdanda'a kan lamaan isaaniirra adda uumuufi jeruma laman gabaabsanii waamuudha. Jechoonni kunis muraasni isaanii mul'ataniiru, isaan armaan gadiiti

Gor-duubatti (fuula 145, keeyyata 2)

Bilbil-sochii (fuula 160, keeyyata 1)

Dig-duuba (fuula 200, keeyyata 1)

Gar-jallaa (fuula 208 keeyyata 3)

Of-laallee (fuula 64, keeyyata 2)

3.5 Haala Fayyadama Jechoota Ergisaa

Akkuma boqonnaa lama keessatti ibsame afaan kamiyyuu niergifata niergisas, barreessaan kitaaba kanaas jechoota afaanota garaagaraa keessa ergifachuun itti gargaarameera. isaanis, afaan Amaaraa, afaan Arabaa, afaan ingiliziifi kkf dha.

Jechoonni ergisaa asoosama Imaanaa Imaltuu keessatti dhimma itti ba'ame,

5, a, Jechoota Afaan Amaaraa Irraa Ergifataman

Jechoonni afaan Amaaraa ta'anii kitaaba kana keessatti dhimmi itti ba'ame muraasni isaanii nimul'atu.

Bataskaana

Sillaasee

Leestiroo

Shaqaxa

Madaaliyaa

Maykilawwi

b, Jechoota Afaan Arabaan Irraa Egifataman

Jechoonni kitaaba kana keessatti afaan Arabaa irraa ergifatamuun dhimma itti ba'ame hedduun kitaaba kana keessatti nimul'ata

Hajii

Nuuree

Jamiilaa

Fatiyaa

Kadir

Amiinaa

Muniiraa

Ijaabii

Sheexana

Mazgiida

Wallaahi

Dirbadirii

Jaafar

Walekumussalaam

Jumha

Musilima

Haraama

Faaxee

Auz billah

Quraana

Abubeker

Faxiira

Qalbii

Qayyabata

Jamiilummaa

Jechoonni afaan Arabaa irra egifataman kunneen amantiidhaan walqabatee asoosama keessatti kan ibsameedha. hedduun isaas maqaa namootaati kunis amantiin isaanii musila ta'uu agarsiisuuf kan bakka buufameedha. garuu maqaa jecha arabiffaa malee amanti sana malee bakka buusun nidanda'ama. Jechoonni armaan olii kun hunduu afaan oromoo keessaa jechi bakka bu'uu danda'u nijira. Garuu hojii ogbarruu keessatti barreessaan akka isaa mijatetti seera afaanii cabsee fayyadamuun nidanda'a yookaan waan sana sirriitti waanta ibsuufi danda'u fayyadamuuf mirga guutu qaba. Garuu sababa tokko malee afaan biraatti fayyadame taanaan afaan isaa irratti dhiibbaa uumuu nidanda'a. Kanaaf gaarii miti.

c, jechoota Afaan Ingilizii irraa egifataman

Goolii

Adventistii

Kaartoonii

Dooktara

Dizaayinii

Dodraantii

Doormii

Semisteera

Aspaaltii

Yuunivarsiitii

Kaampaasii

Faarmaasii

Western

Investimentii

Servisii

Iskoolaarii

Faaahinii

Siim kaardii

Net work

Fiildii

Jechoonni armaan olii kunneen ammayyummaan /teknooloojiin walqabatee jechoota ergifatameedha. Kunis meeshaan/ dhimmi haaraan tokko gaafa dhufu maqaa baasuufin hafee maqaadhumanni afaan biraa keessatti qabu waliin fudhachuudha.

3.6 Qindoomina Himootaa Asoosama Imaanaa Imaltuu keessatti

Qindoominni himootaa asoosama kana keessatti akkuma boqonnaa lama keessatti ilaalle Gosoota garaagaraa kanneen akka hennaa, koorniyaa, lakkoofsaafi murteessituuti. Asoosama kana keessattis maal akka fakkaatan akka armaan gadiitti ilaalla.

a, "Har'as immoo ati daa'ima jettee utuu nan tuffatin, dalaganii haadha ofii gargaaruu nabarsiisuu **qabdi.**" (Fuula 25, keeyyata 2)

Hima armaan olii keessa murteessufi koorniyaa kan wal makeedha. Sababni isaa jechi **qabdi** jedhu akka afaan oromooti dhalaadhaaf kan jedhamuudha. Akkasumallee jechi kun kan abbaan sun osoo nama bira hinjiraatin yookaan dirqamaan kan jedhamaa jeru fakkaata. Garuu jechi kun abbaasana bira jiraatee namusaan waan itti dubbataa jiruuf akka barreeffama kanaatti **qabda** yoo jedhe malee hiika hinqabaatu. Kanaaf osoo **qabda** jedhamee irra filatamaadha.

b, " Nagargaari jedhee yoo kadhate, **bubbulallee** malee hin guuttatin hinhafu." (Fuula 29, keeyyata 3)

c, "Beelamni isaanii **ganama sa'a sagal** kaaffee sifanitti." (Fuula 156 keeyyata 1)

Himoota armaan olii keessatti jechi gurraacheffamee Barreeffame hennafi yeroon isaa kan walqabatee deemu miti, akka saba oromoo fi afaan oromooti. Sababni isaa akka saba kanaatti ganama kan jedhamu hanga sa'atii shanii/ja'a tti. Sa'aatiin sagal waaree booda yookaan galgala

jedhama malee ganama hinjedhamu. Kanaaf "Beelamni isaanii waaree booda sa'a sagal kaaffee siifanitti." Yoo jedhe filatamaa ta'a.

d, "Bakka mucattiin **dhaabatturraa** xiqqoo gadi siqee leestiroonni **lamni** taa'aniiru." (Fuula 157,. keeyyata 3)

Hima kana keessatti dogongorri waan mul'atu fakkaata. Sababni isaa immoo jechi gurraacheffamee jiru hiika jecha kana akka sirriitti namaaf hin hinbaramne godheera. Himni kun osoo **Bakka mucattii dhaabatturraa xiqqoo gadi siqee leestiroonni lama walbira taa'anii jiru** jedhee irra bareedaa fakkaata.

f, "... Sobasheeti malee Amiinaan nagaan **hinbulla** abjuutu ittiin **taphaa** bule." (Fuula 178, keeyyata 1)

Hima armaan olii keessatti dogongorri waan mul'atu fakkaata, kunis jechi gurraacheffamee barreeffame hir'inaan kan barreeffame fakkata. Kunis hiika jecha kanaaf nama rakkisa. Kanaaf osoo... Sobasheeti malee Amiinaan nagaan hinbulle, abjuutu ittiin taphataa bule jedhee filatamaa ta'a.

BOQONNAA AFUR: CUUNFAA, ARGANNOOFI YAADA FURMAATAA

4.1 Cuunfaa

Qorannoo kun Xiinxala itti fayyadama Afaanii Asoosama Imaanaa Imaltuu irratti kan adeemsifameedha. Itti fayyadama Afaanii Asoosama kanaa sagalee irraa kaasee hanga himaatti warreen jiranu eeramaniiru. Waraqaa qorannoo kana keessatti dhimmoonni garaa garaa boqonnaa addaa addaatti qooduun ka'amaniiru.

Qorannoo kana galmaan ga'uu keessatti boqonnaa tokko keessatti adeemsa garaagaraa keessa darbameera, kunis duubee qorannichaa ibsuu, rakkoo qorannicha kaasuu, Kaayyoo qorannichaa, faayidaa qorannichaa, daangaa qorannichaafi hanqinni qorannicha keessatti ibsameera. Akkasuma galma ga'insa qorannaa kanaaf ragaaleen bifa itti argaman ibsameera.

Boqonnaa lama keessatti sakatta'a barruu yaadrimeefi sakatta'a barruu walfakkii keessatti dalagameera. Kunis mata dureen fayyadama Afaanii ijoo ta'eef, qindoomina sagalee, jechoota loogaa, jechoota makoo, jechoota ergisaafi qindoomina himootaa ilaalamaniiru. Kana malees barruu walfakkii keessatti qorannoon kanaan walfakkaatan kanaan duratti geggeefaman tokkummaafi garaagarummaan jeraa ilaalameera.

Boqonnaa sadii keessatti haalli itti fayyadama Afaanii Asoosama Imaanaa Imaltuu keessatti maal akka fakkaatu secca'amani ilaalamaniiru. Kana keessatti kitaaba kana irra deddebi'uun dubbisuun fayyadanmi afaaniisaa maal akka fakkatu qindoomina sagalee, qindoomina jechootaa; jechoota loogaa, jechoota makoo, jechootaa ergisaa, akkasuma qindoomina himootaa isaa yaadannoo qabachuun kitaabicha keessaa baasuun kan xiinxalameedha. Boqonnaan afur immoo Cuunfaa, argannoofi yaada furmaata qabatee kan dhiyaateedha.

4.2 Argannoo

Qorannoo kana adeemsisuu keessatti qorattuun kun argannoowwan garaagaraa muraasa argatteetti. Isaanis kanneen armaan gadiiti;

- kitaabni asoosamaa Imaanaa Imaltuu Jedhu looga naannoo maccaatiin barreeffamuusaa qorattuun kun bira geessetti.

- kitaabni asoosamaa Imaanaa Imaltuu Jedhu yeroo hedduu waan gulalamef kitaabota afaan oromoo warreen kaanirra fooyyee qabaachusaa qorattuun kun bira geesseetti.

- Kitaabni asoosamaa Imaanaa Imaltuu Jedhu sababa amatiifi dhimmoota biraan walqabatee maqaawwannifi waantoota tokko tokko afaan biraa irraa ergichuusaa qorattuun kun bira geesseetti.

- Haalli qindaa'ina sagalee asoosama Imaanaa Imaltuu keessatti hedduun akka jiru qorannoo kanaan qorattuun kun bira geesseetti.

-Haalli qindaa'ina isaafi seenaan asoosama Imaanaa Imaltuu kan namatti toluufi nama hawwattu ta'usaa qorattuun kun bira geesseetti.

4.3 Yaada Furmaata

Kitaabni asoosamaa Imaanaa Imaltuu Jedhu kun kan Abrahaam Tasfaayee Guddinaatiin barreeffameedha. Kitaabni kun kitaabota afaan oromoon barreeffamaan kan biraarra hedduu fooyyee qabaachusaa agarra. Haa ta'uu malee dogongora guutumaa guututti hin qabu jechuu miti, dogongoroonni qindoomina sagalee muraasni keessatti nimul'atu. kanaaf immoo akka dubbisuuf nama hinrakkisneef, hiika jechoota hinjijjiirrettifi akka nama hawwatutti, akkasuma ergaasa haala barbaadde/seeraan galmaan gahuuf irra deebi'e ilaaluun, gulaalchisuufi sirreessuun lafaa irra deebiin maxxasuu qaba.

Kana malees caacculee asoosama Imaanaa Imaltuu hafan irratti qorannoon osoo geggeeffamee gaarii ta'a.

Wabiilee

Addunyaa Barkeessaa .(2010). *Natoo: Yaadrimee Caasluga Afaan Oromoo*. Finfinnee: Mega Printing Press.

Beekan Gulummaa .(2012) .*Guuboo Seenaa :Asoosamaa fi Saayinsii* .Finfinnee: Oromiyaa .

Biraanuu Maatewwoos . (2008). *Fundamentals of Literature*.Finfine:Addis ABABA Univesity .

Crystal, D .(1987). *The Cambridge Encyclopedia of Language*. Cambridge :

Geetaachoo Addunyaa .(1992). *Dogoggora Barreeffamaa, Wiirtuu jildii (5). Barruulee Qormaat Waaltina Afaan Oromoo* .Finfinnee: Dhaabbata Maxxansaa Daldalaa.

Geetaachoo Rabbirraa .(2005). *Furtuu: Seergula Afaan Oromoo*. Addis Ababaa. Dhaabbata Maxxansaa Kurraaz Internaashinaal.

Gragg, G. B .(1976). *Oromo of Wollega, in M.L. Bender (e.d), the non-Semitic Language of Ethiopia*. Michigan State: Michigan State University Press

Waraqaa Mirkaneeffannaa

Ani qorataan maqaafi mallattoon koo armaan gaditti eerame kun waraqaa qorannoo kun hojii koo ta'uu isaa ibsaa, hojiin kun kanaan dura yuuniversiitii kamiyyuu keessatti kan hindhiyaanne, ta'uu isaafi yaadawwan qorannoo kanaa dubbisee hunda isaanii wabii keessa kaa'uukoo mallattoo kootii mirkaneessa.

Maqaa Qorataa _____

Mallattoo _____

Guyyaa _____

Maqaa Gorsaa _____

Mallattoo _____

Guyyaa _____